**Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,**
**Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)**

**National Youth Movement for**
**Freedom and Democracy (NYMFD)**

# Gocha Sukkanneessaa Lammiiwwan Oromoo fi Itiyophiyaa Baqattummaan Biyya Ambaa Jiraatan Irratti Raawwatamaa Jiruuf Mootummaan Wayyaanee Itti Gaafatamuu Qaba.

**Ibsa Qeerroo Bilisummaa irraa**

Uummatni Impaayera Itoophiyaa keessaa addatti dargaggootni biyyattii dhiibbaa mootummaan faashistii Wayyaanee gaggeessaa jiruu fi tureen dirqamuun baqattooti lakkoofsa guddaan gara biyyoottan ollaa fi baha fagootti godaanuuf dirqaman. Carraan dargaggootaa Impaayera Itoophiyaa keessatti hidhaa, ajjeechaa, doorsifamaa fi hojii dhablee tahuu dha. Dargaggootni Bulchinsa Impaayera Itoophiyaa keessaa abbaa biyyummaa mulqaman, Hojii dhabdummaan cinqatanii fi hidhaan itti hammaatte gammoojjii sahaaraa fi garba akkasumas galaana keessatti qorraa fi dheebuu dandamachaa kaan ajjeefamaa biyyoottan garaa garaatti baqachuuf dirqamu. Dargaggootaa fi lammiilee gara biyyoottan garaa garaatti baqatan irratti miidhaan dhala namaaf hin malle waggaa 24 guutuu bulchinsa sirna Wayyaanee keessatti gaggeeffamaa asiin gahe. Mootummaan Wayyaanee garuu lammiiwwan abbaa biyyummaa isaanii mulqamanii godaansa filatan ‘’ baqatttoota, shororkeessitoota… itti maxxansuudhaan biyya ambaa deeman keessatti illee nagaa fi tasgabbii akka hin arganne taasisaa asiin gahe. Daandii godaansaa fi biyya ambaa keessatti dhangala’insa dhiigaa fi Lubbuu godhamaa tureefis akka quba hin qabneettii use irra tarkaanfachaa asiin gahe.

Miidiyaaleen Addunyaa garaa garaa lammiiwwan Itoophiyaa galaanaan, Gammoojjii fi harka dhala namaa garaa jabina raawwataniin ajjeefaman wayita gabaasu mootummaan Itoophiyaa garuu haaluu irraan darbee yakkamtoota gochaa ture.

Yeroo ammaa kana gochaa farrummaa fi gara jabeenyaa Mootummaan Islaamaa jedhamu biyya Liibiyaa keessatti Lammiilee Itoophiyaa 28 albeen morma kutee ajjeesuu fi rasaasaan mataa rukkutee ajjeesu miidiyaaleen Addunyaa wayita gabaasanitti Miidiyaan Itoophiyaa garuu keenya tahuu hin mirkaneeffanne jechuun haalee ture. Haala dhugaa dhiibee dhufeen jalaa miqiquu wayita dadhabuu fi Uummatni diddaa jabaa dhageessisuu eegalutti Miidiyaadhaan beeksisuun lammii Itoophiyaa tahuu himan. Duraan garuu Afrikaa Kibbaa keessatti Lammiileen Itoophiyaa ibiddaan wayita gubatanii fi miidiyaaleen Addunyaas gabaasu, akkasumas Liibiyaa keessatti gartuun lelliftoota amantii gara jabeenyaa fi hammeenya bineensummaa irraan kan ka’e dhala namaa morma kutuu fi mataa rukkutee ajjeesuu fi miidiyaaleen addunyaa gabaasu Mootummaan Itoophiyaas Lammii Itoophiyaa tahuu isaanii haalaan beeka ture.

Garuu bu'aa siyaasaa argachuu danda'u duwwaa irratti kan xiyyeeffate mootummaan abbaa irree Wayyaanee Lubbuu lammiilee Itoophiyaaf bakka kan hin qabne tahuudha kan uummataaf mirkaneesse. Kana dabalataan Uummata hiriira nagaa gadda isatti dhagahame ibsachuuf bahe ulee fi dhukaasa aara baasuun joonjessee kaan hidhuu fi kaan madeessuun raga dabalataa tahee mul'atee jira. Gareen lellisaa amantii Musiliimaa jedhee of waamu gochaa bineensummaa fi gara jabeenyaa lammiilee cunqurfamoo Impaayera Itoophiyaa irratti raawwatee fi gochaa farrummaa lammiiwwan Itoophiyaa akkasumas lammiiwwan Afrikaa mara irratti Afrikaa Kibbaa keessatti raawwatame Jaarmayaan Qeerroo Bilisummaa haala olaanaadhaan ni balaaleffata. Qeerroon Bilisummaa maatiiwwan dargaggoota wareegamanii fi lammiiwwan Itoophiyaa maraaf jajjabina hawwa. Gochaa farrummaa lammiiwwan biyyattii irratti raawwatameefis mootummaan Wayyaanee itti gaafatama akka fudhatuuf Uummatni Impaayera Itoophiyaa marti gamtaadhaan FDG itti fufinsaa akka gaggeessus waamicha dabarsa. Kunis nageenya waaraa fi godaansa biyya ambaa irraa dhaabbachuun kan danda'amu rakkoon gama siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa mootummaa Wayyaanee kanaan diriiree jiru yoo hiikame tahuu fi hiikuufis FDG murteessaa tahuu irraati.

Dhuma irratti bara filannoo dharaa 2015 mootummaan Wayyaanee Uummata irratti waanjoo garbummaa dabalataa fe'uuf tarkaanfataa jirtutti Uummatni gamtaan fincilee nagaa, dimokiraasii fi mirga dhala namummaaf malu akka argatu Qeerroon jabeessee hubachiisa.

Injifannoo Uummata Oromoof!!
Gadaan Gadaa Bilisummaati!!
Qeerroo Bilisummaa Ebla Bara 2015